## Mariisaan jiraatota bakka 29 Crown Street banamee jira

Jiraatoti 29 Crown Street qorata (survey) gabaabduu akka guutaniif afeeramanii jiran.

Kun unka (form) kan bakka biroo ittiin qubsiisaman miti. Yeroo bakka biroo qubsiisnu hawaasichaaf maal akka barbaachisu karoorsuuf nu gargaara.

Xalayaa, email fi dhaamsi bilbila harkaa irratti koodii of adda tahe waliin jiraatotatti ergamee jira.

Fuula (webpage) qorannaa (survey) qabu seenii hanga sa'aa **12 waaree boodaa, Bitootessa (March) 27 bara 2026** koodii adda tahe sana itti galchi.

Yoo qorata kana toora interneetaa (online) guutte **10 keessaa 1 taatee kennaa kaardii maallaqaa (gift vouchers) $200** Woolworths, BigW yokin EG Ampol Fuel jedhu irraa gaaza ittiin guuttattu argachuuf carraa qabda.



Koddii QR qori (scan) yokin **homes.vic.gov.au/relocations-survey** jedhu ilaali

| Asitti gaaffiilee keessan deebisuuf. | Fedhii hawaasaa hubachuuf isin dhaggeeffachaa jirra. | **Hawaasa waliin wal arguun itti fufa** | | | Deggarsa deebisanii qubsiisuu fi wiirtuun deebisanii qubsiisuu ni banama. | **Kireefattooti bakka biroo qusiisamuuf gargaarsi ni godhamaaf** | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Amajjii (January) 2026 | Guraandhala (February) 2026 | Bitootessa (March) 2026 | Ebla (April) 2026 | Caamsaa (May) 2026 | Waxabajjii (June) 2026 | Adoolessa (July) 2026 | Guraandhala (February) 2028 |

## Wal-quba qabeenya qabaachuu


Sagantaalee odeeffannoo

Dubdeebii Gorsaa

Odeessa haarayaaf galmaawaa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/flemington-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria** irratti nu hordofaa

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Homes Victoria, Bitootessa 2026. (HV007326). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

Oromo / Oromoo

Bitootessa 2026

homes victoria

**IJAARSA MANNEEN GURGUDDOO (BIIG HAAWUSING BIILD)**

Odeeffannoo Hawaasa **Flemington**



**Waan bakka hojii sanatti ta'aa jiru**

### Kabajaa ayyaana Eid nu waliin kabajaa!

**Dilbata (Sunday) Bitootessa 29, waaree booda sa'aa 1-5** bakka Buncle Street Reserve

### Qabbaneessituun qilleensa ho'aa ni tolchama

Hojiin bakka 126 fi 130 Racecourse Road itti fufa

### Bakki hundee ijaarsaa hojjechuu

Hojii ijaarsa hundaa naannicha keessa jiru bara 2026 keessa ni xumurra. Hojiin kunis tajaajila barbaachisoo tahan kan akka humna ibsaa fi bishaan galchuu ti. Hojichi torban dhufu keessa jalqaba.

# Jiraatota bakka 29 Crown Street gargaaruuf as jirra

Mariisaan jiraatota bakka biroo qubsiisuu amma banamee jira

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

# Flemington keessatti maaltu tahaa jira

## Bitootessa 2026



### Holland Court
manneen haaraya 286 fi paarkii ummataa

**Hojiiwwan hojjetamaa jiran**

- Manneen jalqabaa jabinni isaa ni ilaalama
- Paarkii ummataa irratti hojiin eegalamaa jira


### 12 Holland Court

**Gamoolee tiksuu**

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Manneen namooti keessaa bahan, ulaa (corridor), baastuu fi buusuu (lift) naannoo manichaa ala isaa irraa waan ilaalamu akka fakkeenyaatti (sample) ni fuudhama
- Manneen namooti keessaa bahan kaapbordii, afata lafa irraa fi wanneen xixiqqaan ni gatamu
- Buufataaleen yeroo hojjetootaaf ni qophaawu

**Cufiinsa bakka dhaabbii konkolaataa**

- Bakki 12 Holland Court dhihoo jiru naannichi hojjetamaa waan jiruuf yeroo ammaa bakki konkolaataa dhaaban hangi xiqqaan cufaa dha




### 126 fi 130 Reeskoors Rood

**Hojiilee tiriikaa**

- Hojiin humna ibsaa galchuu akkaataa itti Qoqqobbii Eegganoo Yeroo Balaa (Early Warning Systems) qabuun hojjetama

**Qilleensa kan qabbaneessu (air conditioner) bakka 126 Racecourse Road hojjetamuun itti fufa**

### 120 Racecourse Road

**Gamoolee tiksuu**

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Manneen namooti keessaa bahan, ulaa (corridor), ol baastuu fi buusuu (lift), naannoo manichaa ala isaa irraa waan ilaalamu akka fakkeenyaatti (sample) ni fuudhama

### Hojii karaa xixiqqaa

- Hooland Koort irratti dhagaa karaa cinaa fi karaa miillaa irratti jijjiirama jiru
- Karaan miilaa fi bakki konkolaataa dhaaban yeroo gabaabduuf ni cufama
- Bulchiinsi tiraafikaa konkolaataalee fi miilaan deemtota qajeelchuuf hojiirra oola

### Hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa bakka ijaarsaa

- Yeroo gandicha irratti manneen haaryaa ijaaramaa jiranitti hojiin humna ibsaa fi bishaan galchuu ni hojjetama
- Hojichi torbanoota dhufan keessa jalqabee hanga dhuma 2026 hojjetamuuf saganteeffame.
- Danqaa umamuu malu hir'isuuf sadarkaa sadarkaadhaan hojjetama
- Eeggannoo hundumaaf godhchuuf mallattoo fi cufaan bakkicha ni kaayyama
- Gara mana ofitti dabruun ni danda'ama haa tahu malee yeroo tokko tokko karaa irraa goranii dabruun jiraachuu mala
- Yeroo hojiin kun hojjetamaa jirutti maal godhchuu akka qabdu beekuuf odeeffannoo argachuu itti fufi

Dalagaan keenya sa'aa hojii beekamaa kan Gumii (Council's standard work hours) gaggeeffama:

**Wixataa hanga Jimaataatti**
Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti

**Sanbata duraa** Waaree dura sa'aatii 9 hanga Waaree booda sa'aatii 3 gidduutti

Jiraattota odeessa dabalataa barbaadaniif waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

1300 360 462

ascotvale.housing@dffh.vic.gov.au

Yeroo tokko tokko sa'aa hojii keessaa ala hojjechuuf yeroo barbaachisu hayyama gumii gaafanna garuu yoo akkas kan tahu tahe jiraatota ni beeksisna.

Hojiileen hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

## Yeroo raaw'ii hojii deebisanii misoomsuu

12 Hooland Koortt fi 120 Reeskoort Rood

**Osoo jiraattonni gamoolee kana keessa jiranii hojiin diiginsa manaa hin raaw'atamu.**

**2025**

### 1. Caalaatti barachuu fi wantoota nageenya akka qabatan gochuu

- Nageenya manneen waliini onanii mirkaneessuu
- Nageenya meeshaalee mirkaneessuuf dirree hojii fi gamoolee qorachuu
- Suphaa idilee itti fufuu

**2026: As jirra**

### 2. Qophaa'uu

- Nageenyaaf kan oolan dirree hojii fi mallattoolee tolchuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Miilaan deemtotaaf, konkolaataaleefi iddoo dhaabbii konkolaataa nageenya isaanii mirkaneessuu
- Nageenya isaanii eeguuf hojiin gamoolee keessaa hojjetamaara
- Bakka meeshaa kahatan, haguuggii lafaa fi meeshaalee xixiqqoo biroo mana jireenyaa onan keessaa baasuu

### 3. Diiguu

- Waan irra dhaabatanii jaaran tolchuu
- Tartiiba eeggannoon guutameen gamoolee gad jigsuu
- Yeroo yeroon hawaasaaf odeessa kennuu

Odeeffannoo dabalataaf odeeffannoo afaan keessanii dabalatee: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**